

Maqaalee Bakkeewwanii Magaalaa Finfinnee Keessaa akka Agarsiiftuu Eenyummaatti: Maleenyaa Waallee Seenaawaatin

Duulaa Kafanaa^{*1}, Addunyaa Barkeessaa², Masfiin Wadaajoo³

¹ Yuunivarsiitii Finfinnee, Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Gaazexeessummaa fi Quunnamtiitti, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitti Kaadhimamaa PhD

² Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Gaazexeessummaafi Quunnamtiitti, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitti Qorataa, Barsiisaafi Gorsaa

³ Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Gaazexeessummaafi Quunnamtiitti, Muummee Damee Xiinqooqa Hawaasaatti Qorataa, Barsiisaafi Gorsaa

* Corresponding Author email: dulakafana@gmail.com

AXAREERAA

Maqaa baasuun akka aadaa hawaasaatti hiika kan kennuudha. Qorannoon kun maqaalee bakkeewwanii Magaalaa Finfinnee keessaa kan eenyummaa bakkaafi garee hawaasaa Oromoo Tuulamaa agarsiisanirratti geggeeffame. Kaayyoowwan qorannichaas bu'uura maqaalee bakkeewwan Afaan Oromootiin baasamanii adda baasuu, jijjiiramaafi itti fufiinsa jiru agarsiisuufi dhiibbaa isaan eenyummaa lafaarratti geessisan ibsuudha. Kaayyoowwan kana galmaan gahuuf mala akkamtaatti dhimma bahamuun akkamtaa ibsaatiin xiinxalamee jira. Ragaan mala funaansa ragaa afgaaffiifi xiinxala barruuwwaniin walitti qabame, maleenya waallee seenawaatiin xiinxalame. Ragaan xiinxalame maqaaleen bakkeewwanii turan dhimmoota hawaasaa waliin hariiroo qabaachuun afaaniifi eenyummaa hawaasichaa kan ibsan ta'uun hubatamee jira. Maqaalee bakkaa Oromoon baasee Magaalaa Finfinnee keessaa osoo hinjijjiiramin jiran muraasni kan maqaa gosaa bakka bu'aniidha. Maqaaleen jalqaba Afaan Oromootiin bakkeewwaniif baasaman maqaalee gosa achi jiraatu, maqaa mukkeenii, araddaa bal'aafi tajaajila isaanii ibsamuun, akkasumas, bakkeewwan sirnoonni hawaasaa itti raawwataniin akka walqabatan hubatame. Maqaaleen kunneen gara jechoota Afaan Amaaraa, Afaan Xaaliyaaniifi Afaan Ingiliziitti jijjiiramanii mul'atu. Jijjiiramni maqaalee bakkeewwan kanneenii, afaan, aadaafi eenyummaa hawaasichaa kan jijjiire ta'eera. Jijjiiramni maqaa bakkaa geggeeffame gaaga'ama dhimmoota hawaasaa achi keessa jiran hundaa fida. Babal'inni magaalaa, hawaasa, aadaa, afaaniifi eenyummaa dhiibuun godaansisuu hinqabu. Akka galumsa aadaa hawaasa sanaatti amala magaalummaa galumsa aadaa hawaasa achi jiruu keessatti madaqsuu barbaachisa. Maqaa jijjiiruun eenyummaa jijjiiruudha. Maqaan bakkaa, hambaa aadaa hawaasichaa waan ta'eef, beekuu, kununsuufi karoorsuun hambaa bakka bu'amuu hindandeenye kana misoomsuun barbaachisaadha.

Jechoonni ijoon: Agarsiiftuuwwan, Eenyummaa, Jijjiiruu, Maqaa Bakkaa, Maqaa Baasuu

SEENSA

Maqaa baasuun akka aadaa hawaasaatti hiika kan kennuudha. Duudhaa aadaa hawaasaa waan ta'eef, gocha akka tasaa raawwatamu miti. Akka aadaa hawaasichaatti dhimma itti yaadamee miira qaban ittiin ibsachuuf galumsaan walqabatee raawwatamuudha. Maqaan baasamu ergaa

qaamni maqicha baase dabarfachuu barbaade akka aadaa hawaasichaatti kan dabarsu, akkasumas, abdiifi mul'ata gara fuulduraatti qaama sanaaf qabu, waan qaamni biraa maqaa sana keessa akka hubatuuf yaadame kanneen akka gosaa, amanti, aadaafi eenyummaa kan ibsuudha (Cila, 2018; Sue and Telles, 2007; Zittoun, 2004). Akka Cheang (2008) jechama warra Chaayinaa namni tokko, carraa badaa qabaachuu hinsodaatu; kan irra cimsee sodaatu maqaa badaa baasufiidha jechuun waa'ee maqaa qorate ibsetti, hawaasni Chaayinaa magaalaa 'Macau' keessa jiraatan maqaa Afaan Ingilizii, Afaan Poorchugiiz, Afaan Jaappaan filatu. Biyyittiin dur dhiibbaa kolonii warra Ingilizii jala turtulleen hawaasni Afaan Ingilizii caala afaanota akka Poorchugiiz, Jaappaaniizii akka filatu ibse. Kunis kan ta'eef maqaa akka agarsiiftuu eenyummaatti gargaaramu jechuun qorannoo isaatiin ibsee jira. Akka inni ibsetti, namni dhuunfaanis ta'ee hawaasni maqaa akka agarsiiftuu eenyummaatti gargaarama.

Qorattoonni seenaa, seenaa darbe qorachuuf maqaalee bakkaa, maqaalee bineensotaa, maqaalee teessoo mootummaa qoratu. Hayyoonni fookiloorii gocha, jechaafi adeemsa duudhaa raawwii sirna moggaasa maqaafi beekumsa garee hawaasaa akka looriitti keessa ilaalamu qoratu. Qorattoonni jechaafi guddina jechootaa qoratan (philologist) madda jechootaa baruuf maqaalee qoratu. Akkasumas, hayyoonni xiinmaddaafi xiinhawaasaa hariiroo namootaa agarsiisuuf maqaalee qoratu; keessaayyuu madda isaanii xiyyeeffatu (Gumi, 2018; Mehari, 2007). Gama biraatiin, Rosenhouse (2002:7) "Naming is a specific linguistic act, intimately linked with values, traditions, hopes, fears and events in people's lives. Names reveal many preferences of their owners (or givers) in terms of real life objects, actions, features and beliefs." jedha. Akka ibsa kanaatti, maqaa baasuun yookiin moggaasuun gochaa xiinqooqaa sona hawaasaa, duudhaa, hawwii, yaaddoofi ta'iinsa jireenya hawaasaa keessatti ta'uun dhiheenyaan kan walqabatuudha. Akkasumas, maqaa baasuun fedhii warra baasu sanaa gama jireenya dhugaan, gochaawwaniin, amalootaafi amantiin jiru agarsiisa. Yaadni kun hariiroo yookiin hidhata maqaan eenyummaa waliin qabu kan hubachiisudha. Haaluma walfakkaatun, maqaan wanti dhuunfaan baafameef yookiin moggaafameef sun qofaa isaatti kan qabaatu qofa osoo hintaane dhimmoota hawaasaa waliin hariiroo gadifagoo akka qabaniifi maqaaleen hedduun kan waloo ta'uun ilaalcha addunyaaf qaban kan ibsaniidha (Peek and Yankah, 2004). Qorannoo kana keessatti, xiyyeeffannaa qorattoota fookilooriifi xiinqooqa hawaasaatu giddugaleessa godhatame.

Akkuma hawaasa biroo, Oromoon akka aadaa isaatti maqaa baasuufi moggaasa garagaraa kennuun beekama. Oromoo biratti maqaa namaaf, lafaaf, uumama naannoo isaa hundaaf baasu haalaafi taateewwan waliin walqabsiisuun akka aadaa isaatti kan xiyyeeffatameedha. Aadaan karaa ilmaan namootaa itti ofibsaniifi jiraatan hunda waan haammatuuf eenyummaa agarsiisa. Maqaan baafamus akka aadaa hawaasa sanaatti hiika waan qabaatuuf eenyummaa waliin hariiroo cimaa qaba. Kanarraa kan ka'e, Guyot and Seethal (2007:2) "Names change because society changes." jedhu. Kun maqaan jijjiiramuun hawaasni jijjiiramu akka ta'e ibsa. Hawaasni jijjiiramu jechuun aadaan, duudhaan, afaan, eenyummaaniifi seenaan jijjiiramuudha. Akkasumas, Pilcher (2016) Finch (2008) wabeeffatee maqaa akka ibsetti, maqaan keenya handhuura eenyummaa dhuunfaa keenyaati. Hidhata maatii keenyaa, eenyummaa aadaafi seeraa

keenyaatis. Kanarraa maqaan ammam eenyummaa keenya waliin hidhata akka qabuufi agarsiiftuu aadaafi eenyummaa ofii ta'uutu hubatama. Maqaa jijjiiruun aadaafi eenyummaa kana jijjiiruun akka ta'e hubachuunis nidanda'ama. Akka Caiazzo and Nick (2020) ibsanitti, maqaa jijjiiruun eenyummaa jijjiiruudha; maqaa irra deebi'anii baasuun eenyummaa irra deebi'anii ijaaruudha.

Akka xiyyeeffannaa qorannoo fookilooritti garee hawaasaaf iddoo olaanaatu kennama. Qorataan fookiloorii warra Ameerikaa Wilson (2006:20) xiyyeeffannaa qorannoo fookiloorii yemmuu ibsu, "The emphasis in American folklore study has been not so much on the national character but rather on the character of the different groups that make up our pluralistic society." jedha. Qorannoo fookiloorii keessatti irra caala kan xiyyeeffatamu amaloota akka waliigalaatti hawaasni akka biyyaatti jiru waliin qooddatu osoo hintaane amaloota gareen hawaasaa sunneen qabatanii walitti dhufaniidha. Qorannoo kana keessattis maqaa bakkaafi eenyumma haaraa sabaafi sablammoota waliigalaan qooddatamu osoo hintaane, kan garee hawaasa qe'ee sanarra turuun maqaa jalqabaa baaseetu xiyyeeffatame. Kanaaf, eenyummaa isa haaraa ijaarame osoo hintaane eenyummaa bakkaafi hawaasa maqaa bakkeewwanii jalqabaa akka Aadaafi Afaan Oromootti baase giddugaleessa godhachuun qoratame.

Ka'umsa qorannoo kanaa kan ta'e, maqaalee bakkeewwan giddu gala Oromiyaa Finfinnee keessaa jijjiiramanii argaman hidhata eenyummaa waliin qaban xiinxaluu yaaduudha. Sababnisaa maqaaleen bakkeewwanii Finfinnee keessaa hedduun maqaa jalqabaa irraa jijjiiramanii mul'atu. Waan kana ta'eef, qorannoon kun maqaaleen bakkeewwanii Oromoo Tuulamaa Finfinnee jiraataniin baasaman eenyummaa isaanii ibsuu danda'uun kan qorannoo barbaaduudha. Maqaan agarsiiftuuwwan eenyummaa keessaa isa tokko waan ta'eef, qorataan xiyyeeffannaa koorsii fookilooriifi xiinqooqa hawaasaa walitti fiduun qorachuuf fedhii guddaa horate. Sababnisaa yeroo ammaa kana sabaafi sablammoonni hedduun Finfinnee dahoo godhatanii kan keessa jiraatan waan taateef aad-heddummaa jirurraa kan ka'e maqaan Afaan Oromoon baasame agarsiiftuu eenyummaa isaa ta'uu qorachuuf qorataan kaka'umsa horate.

Xiyyeeffannaan isaanii tokko ta'uu baatulleen, qorannoowwan eenyummaa ilaalchisee hojjetaman tokko tokko nimul'atu. Isaan keessaa kanneen akka qorannoo Assefa Tefera (2021), Asafa Jalata (2007), Getahun Benti (2002), Iteenesh Toleeraa (2020) kaasuun nidanda'ama.

Kanaaf, qorannoon kun gaaffilee bu'uura itti aanan sadii deebise. Isaanis, Magaalaa Finfinnee keessatti maqaan bakkeewwanii Afaan Oromootiin baasaman bu'uura akkamii qabu? Jijjiirama akkamiitu maqaa bakkeewwan kanaarratti taasifame? Maqaaleen bakkeewwanii Afaan Oromootiin baasamaniifi jijjiiramni irratti taasifame akkamiin eenyummaa bakka bu'an ibsu? Kan jedhan ta'u. Kaayyoowwan qorannoo kanaas bu'uura maqaa bakkeewwan Afaan Oromootiin baafamanii addaan baasuu, jijjiiramaafi itti fufiinsa jiru ibsuufi dhiibbaa inni eenyummaarratti qabu agarsiisuudha.

CAAYA YAADRIMEE

Maqaa

Maqaan dhimmoota akka koornayaa, gosa, garee itti ramadaman, amantaafi qaama hawaasaa irratti hundaa’uun ibsuuf bakka bu’uudha. Hariiroo hawaasaa keessa ijaaramuun qunnamtii hawaasaa kan ibsuudha (Obojska, 2020). Moggaasni maqaa wanta hawaasa moggaasicha kennuun murtaa’uudha. Maqaa filachuunis murtee aadaati (Sue & Telles, 2007). Maqaa waaminsaa hawaasa dhimma itti bahutu akka aadaafi afaan isaatti galumsa wayii irratti hundaa’uun baasa. Maqaan baasamu kallattii garagaraan dhimmoota hawaasaa giddugaleessa godhachuun geggeeffama. Maqaan baasamu qaama baasamuuf sana kan biraarraa adda baasuuf baay’ee barbaachisaadha (Aksholakova, 2014).

Akka Uluocha (2015) waa’ee maqaa bakkaa ibsutti, Afrikaan bara Impaayerootaafi koloneeffannaa keessa hambaaleefi beekumsi durjaa/ xabboo kaartaa ishee baay’ee miidhame. Maqaaleen ji’oogiraafii dura turan koloneeffamuufi jijjiiramuun manca’an. Yeroo dheeraan booda maqaaleen bakkaa hawaasaan akka aadaa, seenaa, xiinqooqa, dinagdee, siyaasa, amantaafi beekumsa isaanii ibsuu danda’anitti deebi’uu yaalanii jiru. Akkasumas, Guyot and Seethal (2007) maqaa bakkaa akka ibsanitti, biyya Afrikaa Kibbaatti ‘Appartaayidiin’ booda maqaan bakkaa akka meeshaa xiinxala caasessa daangaatti ilaalame. Maqaa haaraa yeroo ‘Appartaayidii’ baafame galumsa aad-heddummaafi af-heddummaa keessatti ilaaluun sirreessuun yookiin ifa gochuun baraachisaa ta’uu xiyyeeffatan. Kanarraa kan hubatamu, eenyummaa maqaa bakkaa wajjin jijjiirame deebisuuf gochaa raawwatame ta’uu isaati.

Akka Helleland (2002) maqaa bakkaa ibsutti, dhimmi maqaa bakkaan walqabatu hanga kora qorannoo addunyaa bara 1977 geggeeffame irratti mataduree ‘Maqaa bakkaa kununsuufi karoorsuu’ jechuun dhihaatee mariyatameetti xiyyeeffannaa qorannoo hinarganne. Sana booda xiyyeeffannaa dirreewwan qorannoo adda addaa ta’ee jira. Qorannoo kanneen akka: fookiloorii, xiinqooqaa, xiinaadaa, xiinhawaasaa, ji’oogiraafii, seenaa, xiinsammuu, falaasamaafi kanneen kana fakkaatan keessatti madda beekumsaa ta’uun isaa xiyyeeffannoo argate (Helleland, Ore and Wikstrøm, 2012). Akkasumas, Helleland (2012:501) maqaa bakkaa yemmuu ibsu “It is often argued that names, especially place-names, are not only a source of linguistic knowledge, but also of geographical, historical, anthropological, ethnographic, social, psychological, or other knowledge and may be of interest to the respective sciences.” jedha. Kunis, qorannoon moggaasa maqaa kallattii garagaraan ilaalamuu danda’uu agarsiisa. Maqaan bakkeewwanii, eenyummaa hawaasaa, aadaa, naannoo kununsuufi tursuu keessatti gahee guddaa qabu.

Adeemsi maqaa baasuu karaa lama akka raawwatamu Helleland (2002) ibsee jira. Isaanis kan hawaasni akka aadaa isaatti baasuufi mana amantiitti cuuphaadhaan (baptism) raawwatamuudha jedha. Maqaan bakkaa bal’inaan baasamuun beekamu isa hawaasni akka duudhaa isaatti baasu/ moggaasu akka ta’es Helleland ibsee jira.

Maqaan bakkaa maqaa hawaasni bakka tokko ittiin waamudha. Kana qorachuun dirreewwan qorannoo garagaraa keessatti xiyyeeffannaa argachaa dhufeera. Dirreewwan qorannoo adda addaa keessatti qoratamaas jira. Maqaa bakkaa qorachuun dirreewwan qorannoo garagaraa keessatti

akka bu'uura dirree qorannoo sanaatti dhimma hawaasaa kanneen akka xinqooqaa, madda jechichaa, aadaa hawaasaa, ji'ograafii naannichaa, hawaasummaa, seera hawaasaa, eenyummaa bakkichaafi hawaasa maqaa sana baasee qorachuun xiyyeeffatamee jira (Jordan, 2020; Kathrein, 2009; Conedera et al, 2007; Taylor, 1998). Maqaan bakkaa dhimmoota hawaasaan walqabata. Dirreewwan qorannoo saayinsii hawaasaas dhimmoota hawaasaa garagaraa maqaa bakkaa keessa qoratu.

Qorattoonni kallattii garagaraan ilaaluun faayidaalee maqaa bakkaa ibsaniiru. Isaan keessaa Jordan (2014) faayidaalee maqaa bakkaa gurguddoo arfuritti qooduun ibse. Inni jalqabaa, maqaan bakkaa amala bakkichaa calaqqisiisa. Kun tajaajila hawaasni bakkichatti dhimma bahuun argatu kan agarsiisudha. Maqaan yemmuu baasamus tajaajila kana irratti hundaa'uun ta'uu danda'a. Akka ibsa nama kanaatti, maqaan bakkeewwan ulfoo, laggeen, gaarren, biqiloota, siyaas-dinagdee hawaasaa irratti hundaa'uun baasamu tajaajila maqaa bakkaa kana jalatti haammatama. Inni lammataa, daangaa hawaasichaafi naannichaa maqaa bakkaa sanaan adda baasuun akka danda'amu ibse. Akka namni kun ibsutti, naannaa namoonni aadaa hawaasaa garagaraa qaban jiraatanitti gareewwan hawaasaa jiran bakkicha kan ofii godhachuu yaaduun wal morkatu. Aadaa ofiin walitti hidhanii kan ofii isaanii taasifachuu barbaadu. Yemmuu kana moggaasa ofii isaanii kennuun gara eenyummaa isaanitti dhufuun akka beekamtii argatu gochuu yaalu. Haata'u malee, moggaasni maqaa bakkaa jalqabaa kana ittisuuf tajaajila olaanaa kenna. Tajaajilli sadaffaan akkaataa ji'oograafii bakka sanaa caasessuun maqaa baasameef sanaan agarsiisuutu danda'ama. Inni araffaan, hidhata namaafi bakka sana gidduu jiru nama hubachiisuu danda'uu maqaa bakkaa ibseera. Hariiroon hawaasniifi faayidaan hawaasni bakkicha irraa argatu walibsuun eenyummaa jiru agarsiisuu danda'uu isaa mul'isa. Qorannoo kana keessatti tajaajilli maqaa bakkeewwanii namni kun tokkoffaafi araffaa irratti ibse xiyyeeffatamanii jiru.

Akkasumas, faayidaan maqaa bakkaa eenyummaa aadaa hawaasaa akka ta'etti ibsama. Maqaan ittumaan waamuu qofaaf kan moggaafame osoo hintaane, hawaasaaf barbaachisummaa kan qabu ilaalcha addunyaa hawaasni sun qabu kan ibsuudha (Peek & Yankah, 2004). Qorannoo kana keessatti faayidaa maqaan bakkaa eenyummaa hawaasa moggaase ibsuu keessatti qabu xiinxaluun kan xiyyeeffatameedha.

Dhiibbaa Maqaa Jijjiiruun Qabu

Maqaa jijjiiruun baay'ee beekamaa waan ta'eef haaraa namatti ta'u baatulleen sababoota jijjiirraa maqaa fidaniifi wantoota waliin jijjiiraman beekuun barbaachisaadha. Wantoonni maqaan akka jijjiiramu godhan maqicha barbaaduu dhabuu (jibbuun bakka na hinbu'u jedhanii kan biraa barbaaduu), Amantaa (maqaa amantaa baafachuun isa duraa dhiisanii maqaa amantaa sanatti jijjiirrachuu), akkasumas, siyaasa ta'uu danda'a (Cheang, 2008). Akka namni kun ibsetti, sababa siyaasaatiin carraafi caalmaan afaan biraaf kennamuun maqaan dura baasame gara maqaa afaan biraatti jijjiirama. Kun biyyoota afaaniifi aadaan isaanii kolonii jala gale hedduu keessatti kan mul'ateedha.

Maqaa qaama tokko bakka bu'uuf baasame dabsuun waamuun yookiin barreessuun eenyummaan qaama sanaa akka beekamutti ibsamuu dadhabuun eenyummaa maqaa jalqabaan ijaaramee balleessuu/jijjiiruu danda'a (Aksholakova, 2014). Akka namni kun ibsetti, moggaasni maqaa altokko kenname sababoota garagaraan manca'aa yookiin jijjiiramaa deemuu danda'a. Sababoonni kunneenis, maqicha barbaaduu dhiisuu, afheddummaa, aadaan walkeessaa deemuu, dhiibbaan irra gahuun jijjiirama jedha. Ta'ulleen, maqaa jijjiiruun yaada moggaasa jalqabaa keessa jiru irratti dhiibbaa guddaa geessisa. Dhimmoota hawaasa sanaas nijjiira. Maqaa bakkaa irra deebi'anii baasuun eenyummaa haaraa gama garee hawaasaan, hawaas-dinagdeen, illaanyaan ijaaruudha (Caiazzo and Nick, 2020). Gama biraatiin, Maqaa jijjiiruun eenyummaa haaraa barbaaduudha (Penick, 2019). Akka ibsa kanaatti, namni yemmuu eenyummaa haaraa barbaadu maqaa jijjiira.

Akka biyya keenyatti, maqaa namaas ta'ee bakkaa jijjiiruun baay'ee beekamaadha. Isaayyaas (2001:116) "Oromoon maqaa biyya isaaf moggaase, fakkeenyaaf, Magaalaa Finfinnee—Addis Ababaa, Bishooftuu-Debrezayit, Walisoo- Giyoon, Hoolotaa-Gennet, Ciiraa-Assaba Tafarii, Adaamaa – Naazireet jedhaniiru" jechuun ibse. Kunis, eenyummaa haaraa ijaaruuf moggaasa maqaa bakkaa ture gara moggaasa biraatti jijjiiruudha. Sababnisaa eenyummaa haaraa barbaaduuf kan raawwatame jechuudha. Akkasumas, akka Qazimi (2014) ibsetti, maqaa jijjiiruun, hidhata bakki eenyummaa waliin qabu jijjiira. Eenyummaan bakkaafi hawaasa bakkichaan hidhata qabuu waliin jijjiiramaa deemu.

Walumaagalatti, akka ibsa namoota olitti eeraman kanneen irraa hubannutti, duudhaan maqaa bakkaa jijjiiruu dhimmoota hawaasaa kanneen akka aadaa hawaasaa, gosaa, illaanya, eenyummaa, akkasumas, afaan hawaasni dhimma itti bahu jijjiiruu danda'a.

Maqaa Akka Agarsiiftuu Eenyummaatti

Akka Zhang (2020) eenyummaa ibsetti, eenyummaan loorii garee hawaasaa sanaan kan agarsiifamuudha. Yaadrimee fookiloorii keessatti looriin agarsiiftuu eenyummaa gareeti jechuun ibse.

The concept of folklore has been used to frame lore as identity markers of certain groups, and to draw boundaries separating *us* from *them*. This *normal* stage fell into a *crisis* when "context" and "performance" were introduced into the study of folklore. The *revolution* following this crisis led to a *new normal*, our current stage, where "ethnic" prevails as an adjective to redefine "identity," "group," and "folklore." Zhang (2020:126)

Akka ibsa nama kanaatti, eenyummaan loorii² hawaasaan agarsiifamuun, tokko kan biraa irraa adda baasu kun haalaafi dalagaa irratti hundaa'uun gaaga'amu danda'a. Gaaga'ama kana booda eenyummaa, gareefi fookilooriin hawaasa sanaa irradeebiin ibsamuu barbaada. Loorii hawaasaa

² looriin beekumsa gareen tokko ijaaree waliin qooddatu, dhimmoota miseensa garee tokkoo walitti fidaniidha.

keessaa maqaan baasamu akka aadaa garee sanaatti hiika giddugaleessa godhate waan qabaatuuf eenyummaatti kan hidhate ta'a.

Eenyummaan amala, amantii, gocha, sansakkaa, nama tokko, garee tokko yookiin gareewwan waloon, akkasumas, saba tokko ibsuun beeksisuudha. Garee tokko garee biraaf kan ibsu yookiin gareenis ta'ee qaamni tokko kan ittiin ibsamuudha (Burke,2005). Eenyummaan akka yaaxxina eenyummaatti yemmuu ibsamu akka finna/ilmoo aadaatti fudhatama (Stryker and Burke, 2000; Nagel, 1995). Eenyummaan aadaa ibsuun kan adda baasee waamsisuudha. Eenyummaan ofiis ta'ee garee kan hawaasan walqabatuudha. Gama biraatiin, akka Lange (2020) ibsetti, namoonni eenyummaa kallattii garagaraan hubachuun hiika itti laatu. Haata'u malee, ibsi tokko tokko dogoggora hubatamuun kan dhihaataniidha. Akka inni ibsetti, namoonni tokko tokko eenyumman waanuma salphaafi dhaabbataa tokko godhanii ilaalu. Kun dogoggora akka ta'etti yemmuu ibsu eenyummaan nama tokkoo nama sana ibsuuf waan salphaa miti. Akkasumas, amma dhuma jireenya nama sanaatti dhaabbataa ta'ee kan hafu osoo hintaane yeroofi haala ittiin jijjiiramu qabaachuu danda'a. Gama biraatiin, dogoggorri jiru, namoonni tokko tokko eenyummaan waanuma akka salphaatti jijjiiramuun jijjiiramaa ta'eetti hubatu. Kunis, hubannaa dogoggoraa ta'uu yemmuu ibsu eenyummaan akkamitti akka jijjiiramuufi maaliif akka jijjiiramu osoo hinhubatin salphisuun ilaaluun hiika kennamuudha jedha. Kanarraa kan hubannu eenyummaan yaadrimee dhimmoota garee hawaasaa waliin ciminaan kan walqabu ta'uu isaati. Salphaatti kan hinjijjiiramneefi sababoonni dhimmoota hawaasaa irraan dhiibbaa geessisan adeemsa keessa kan jijjiiran ta'uu nama hubachiisa.

Eenyummaan qaama ibsu sana irratti hundaa'uun gulantaa adda addaan ibsama. Isaanis akka fakkeenyaatti, eenyummaa dhuunfaa, eenyummaa garee, eenyummaa gosaa, eenyummaa sabaa, eenyummaa biyyaa, eenyummaa aadaa, eenyummaa ogummaa, eenyummaa koorniyaa jedhamuun ibsamu.

Gama biraatiin, maqaafi eenyummaan hariiroo cimaa kan qabaniidha. Maqaan eenyummaa ijaaruu keessatti iddoo olaanaa qaba. Akkasumas, agarsiiftuu eenyummaa isa bu'uuraati. Maqaan bakkaa moggaasa iddoo sana bakka bu'u qofa osoo hintaane eenyummaafi ilaalcha hawaasaa waliin hidhata guddaa qaba (Penick, 2019; Alasli, 2019).

Haaluma walfakkaatun maqaan bakkeewwanii eenyummaa waliin hidhata qabaachuu (Alasli, 2019) yemmuu ibsu akka itti aanu kana jedha.

Toponyms are essential building blocks of communities and identity. Place names hold the power of constructing social identities. This complex process is accomplished through two concepts: place identity and place attachment. Place identity displays the self-image of the immediate community by projecting how people relate with places. Individuals alter it to reflect who they think they are and whom they aspire to be (Alasli, 2019:2).

Akka ibsa kanaatti maqaaleen bakkaa hawaasaafi eenyummaa isaa ijaaruu keessatti iddoo murteessaa qaba. Hariiroon maqaafi eenyummaa kun eenyummaa bakkichaafi hidhata hawaasni bakkicha waliin qabuun walqabata. Maqaan bakkaa afaan hawaasichaan baasama. Afaan immoo eenyumma hawaasa abbaa afaanichaa bakka bu'a. Akka Spolsky (1999:181) ibsetti, "A language is a powerful symbol of national and ethnic identity".

Akka Qazimi (2014:307) hidhata bakkaafi eenyummaa ibsetti. "Place attachment is part of place identity, but place identity is more than attachment. Place identity is substructure of social identity, like gender and social class." jedha. Hidhanni maqaan bakkaafi eenyummaan waliin qaban eenyummaa bakkichaanis ta'ee garee hawaasaa ibsa. Qorannoon kunis eenyummaa maqaa bakkeewwanii hawaasa maqaa sana baasuun dhimma itti bahuu xiyyeeffate.

Sakatta'a qorannoo walfakkiitin qorannoowwan qorataman yemmuu sakatta'aman qorannoowwan garagaraa nimul'atu. Isaan keessaa, Assefa Tefera (2021) "Ecopoetics of Place: Reclaiming Finfinne, Past and Present" jechuun kan barreessedha. Qorannoon kitaaba tokko keessatti akka boqonnaa tokkootii (Book Chapter) maxxanfame kun walaloowwan waa'ee Finfinnee gaafachuuf Artistootaan dhihaatan dhimmoota hawaasaan walqabsiisuun kan ibseedha. Akeekni qorannichaa uumama naannoo manca'aa jiruuf xiyyeeffannaan akka laatamu waa gumaachuudha. Qorannoon biraan kan Asafa Jalata (2007) "The Concept of Oromummaa and Identity Formation in Contemporary Oromo Society." jechuun hojjeteedha. Qorannoon kun immoo yaadrimee eenyummaa Oromummaa waliigalaa irratti kan barreeffameedha. Xiyyeeffannaan qorannoo kanaa Oromummaa akka aadaa Oromoofi saba Oromootti fudhachuun akkaataa itti eenyummaan kun ijaaramu ibsuudha. Dabalataan, Getahun Benti (2002) "A Nation without a City [a Blind Person without a Cane]: The Oromo Struggle for Addis Ababa." jechuun qorannoo geggeessedha. Qorannoon kun magaalaa akka giddugala qaroominaatti fudhachuun faayidaa magaalaa xiyyeeffachuun kan geggeeffameedha. Qorannoon biraa kan Iteenesh Toleeraa (2020) "Xiinxala Afseenessa Oromoota Finfinnee Keessatti Bakka Jireenyaa isaanii irraa Buqqa'anii" jechuun digrii lammaffaa guuttachuuf hojjeteedha. Xiyyeeffannaan qorannoo kanaa immoo, Oromoonni dhiibbaadhaan bakka Magaalaan Finfinnee itti hundooftaafi itti babal'atte kanarraa buqqa'an dhimmaafi miira isaanii afseenaa isaanitiin akkataa itti ibsatan qorachuudha. Kanaaf, qorannoowwan gama garagaraan geggeeffaman kunneen dhimmoota xiyyeeffatan kan qabaniidha. Qorannoo kanaan naannaa qorannoo walfakkaataa qabaatanilleen xiyyeeffannaa isaanitiin maqaa bakkaafi eenyummaa maqaa bakkaas ta'ee garee hawaasaa kallattii ittiin xiyyeeffataniin addaaddummaa qabu. Waan kana ta'eef, qorannoon kun qaawwa hafe kana guutuuf maqaa bakkeewwanii xiyyeeffachuun eenyummaa achi keessa agarsiifamu kan qorateedha. Qorannoon kun maqaalee bakkeewwanii magaalaa Finfinnee eenyummaa garee hawaasa achi turee maqaa jalqaba Afaan Oromoon baaseefi jijjiirama jiru xiinxaluu xiyyeeffate.

MALA QORANNOO

Malli bu'uuraa qorannoon kun dhimma itti bahe akkamtaadha. Akkamtaan mala qorannoo dhimmi qoratamu sun iyyaafannoo akkamitti jedhuun ragaan barbaadamuudha. Ragaan mala kanaan argame jechootaan ibsamuun dhihaate. Maleenyi akkamtaa yaada hirmaattota qorannichaa hubachuun ta'iinsota ilaalcha hirmaattotaan walqabsiisee qoratee ibsuu, hiikuufi addeessuu waan xiyyeeffatuuf qorannoon kun maleenya kana irratti hundaa'e. Waan kana ta'eef, qorannoo akkamtaa ibsaati.

Maddi ragaa qorannichaa, madda ragaa tokkooffaafi lammaffaadha. Maddi ragaa tokkoffaan, ragaa hirmaattota qorannoo kanaa taasifachuun namoota kudha tokko irraa afgaaffiin walitti qabameedha. Malli iddatteessuu namoota kana bira ga'uuf dhimma itti bahame mala iddatteessuu kaayyeffataafi darbaan dabarsaati. Qorataan nama beeku tokko (obbo Alamaayyoo Hayilee) kaayyeffachuun erga ragaan irraa fudhatamee namoota ragaan dabalataa irraa argamuu danda'u akka eeraniif gaafachuun ragaa funaanuu itti fufe. Haala kanaan malleen kana lamaaniin namoota kudha tokko bira gahuun ragaan funaanamuu danda'ee jira. Namoonni iddattoof fudhataman kunneen namoota dhimma qoratame kana irratti muuxannoo jiruu jiraanya isaanii keessatti kuufatan irraa qooduu danda'aniidha.

Gama biraatiin, maddi ragaa lammaffaan, afeewwan maqaalee bakkeewwanii magaalaa Finfinnee keessaa kan irratti barreeffamanii argamaniifi dubbiin jiraniidha. Afeewwan jiran keessaa kanneen waa'ee maqaalee bakkeewwan magaalaa Finfinnee keessatti argaman ibsu kitaaba Alamaayyoo Hayileefi Miiltowwan isaatiin "Seenaa Oromoofi Hundeeffama Magaalaa Finfinnee" jechuun Giddugala Aadaa Oromooti bara 2012 maxxanfame irraa kan fudhatameedha. Barreeffamoota adda addaa jiran keessaa kitaaba kana filachuuf malli iddatteessuu dhimma itti bahame mala iddatteessuu kaayyeffataadha. Sababni malli kun xiyyeeffatameef kitaabni kun qorattoota seenaafi aadaa Oromoo shaniin yemmuu barreeffamu, barsiisonniifi qorattoonni seenaafi fookiloorii sadii gorsitoota ta'uun qorannoo geggeeffame qajeelchaafi to'achaa kan turaniidha. Kana malees, erga barreeffamee ogeeyyota afaaniifi fookiloorii lamaan gulaalamuun kan maxxanfameedha. Kun kitaaba ragaa irratti hundaa'uun barreeffame waan isa taasisuuf ragaan xiinxala kanaaf irraa fudhatamu ragaa amanamummaa qabaatudha jedhamuun filatame.

Kanaaf, maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaadha. Ragaan namoota iddattoof filataman irraa fudhatame madda ragaa tokkoffaadha. Ragaan kitaaba filatame irraa fudhatame akka madda ragaa lammaffaatti xiinxalame.

Ragaan gama lachuun fudhatame xiinxala waallee, maleenya waallee seenawaatiin ibsiifi hiikni itti kenname. Kana gochuuf, ragaan xiinxala galmeetiin fudhatame kan hirmaattonni qorannoo kanaa ibsaniin walitti fiduun xiinxalamee jira. Hirmaattonni qorannoo kanaa sirna moggaasa maqaa, adeemsa maqaa baasuufi maqaaleen bakkeewwan magaalaa Finfinnee turaniifi amma itti jijjiiraman irratti ragaan dhiheessan barreeffamatti jijjiiramuun ibsamuun hiikame.

Akka Nikander (2006) Phillips and Hardy (2002) wabeeffachuun ibsetti, xiinxalli waallee yeroo ammaa kana akka mala qorannoo yookiin ilaalcha yaaxxinaatti fudhatama. Akkasumas, maleenyaafi yaadrimeewwan haammata. Qorannoo kana keessatti xiinxala waalleetiin bu'uurri maqaalee bakkeewwaniif baafamaniifi dhimmoonni eenyummaa hawaasaan wal qabatan xiinxalamani jiru. Ragaan afee afseenaa himinsa afaaniin jiraniis ta'ee afee barreeffamaan fudhataman walduraa duuba kaayyoo qabatamee ka'ameen xiinxalamuun ibsamani jiru.

ARGANNOOWWANIIFI IBSA ISAANII

Maqaalee Magaalaa Finfinnee

Hawaasni Oromoo akka aadaa isaatti maqaalee garagaraa hiikaafi faayidaa adda addaaf oolan baasee jira. Maqaan baasames aadaa hawaasichaa kan bu'uureffateefi afaan akka aadaa hawaasichaatti hiika ijaaru afaan ofii isaatiin ture. Ragaan afgaaffiin argame maqaa Finfinnee ilaalchisee akka itti aanu jedha.

Afee 01

Finfinnee kana ilaalchisee maqaan ishee dhaaba dhabeera. Namni akkuma itti toletti waama. Finfinnee, 'Addis Ababaa', Shaggar jedhu. Araddaan ishees jijjiirameera. Moggaasa Haaraas itti baasaa oolu. Akka Oromootti maqaan akka itti bahu qaba. Bara durii Oromoon gosa Tuulamaa yeroo bosona saaqee giddugala kana jiraachuu eegale geggeessaa isaatiin durfamee bakka hora kanaa dhufuun eebbifatee yemmuu itti qalu horri finiineef/ burqeef. Hora finiine sanaan olfiniinuu isaa ilaaluun yeroon booda finiine kan jedhurraa gara Finfinneetti jijjiiramaa deemuun maqaan "Hora Finfinnee" jedhu argame. Horri Finfinnee hora hormaataati. Saawwan Tuulamaa asirratti horu...(Afgaaffii hirmaattota qorannoo kanaa waliin amajjii, 2014 taasifamerraa)

Afeen afseenessaan dhihaate kun kan maanguddoota hirmaattota qorannoo kanaa ta'an kessaa afgaaffiin argameedha. Akka ragaa kanarraa hubatamutti, yeroo ammaa kana maqaa baasuun xiyyeeffannaa hinqabu. Finfinnee maqaan ishee dhaaba hinqabu namni maqaa garagaraa itti baasuun waama jedhu. Kun maqaalee Finfinneef kennaman kan agarsiisudha. Finfinnee, 'Addis Ababaa' fi Shaggar kan jedhan kun maqaa bakka kanaa ta'uun akka ittiin waaman agarsiisa. Maqaan Finfinnee jedhu maqaa hora olfiniinuu ilaaluun horichaaf baafame akka ta'e agarsiisa. Kanaaf, maqaan Finfinnee jedhu bu'uurri isaa hora sana akka ta'eefi maqaa horaa akka ture hubanna. Akka afeen afseenaa kun ibsutti maqaa baasuun sirnaafi adeemsa xiyyeeffatu qaba. Maqaaleen Finfinnee, 'Addis Ababaa' fi Shaggar jedhan kan yeroo garagaraafi galumsa adda addaa keessatti baasamaniidha.

Addis Ababaa kan jedhus maqaa bakkaa ta'uun akka dhimma itti bahamu agarsiisa. 'Addis Ababaan maqaa magaalaa yeroo ammaa kana Finfinnee jedhamtuuf Afaan Amaaraatiin baasameedha. “ዛሬ አዲስ አበባ ተብሎ የኢትዮጵያ ዋና ከተማ የሆነው አገር በዚያ ዘመን ፊንፊኔ ይባል ነበርና ንጉሥ ሣህለ ሥላሴ አገሩን ሲያቀኑ አሁን ዛሬ ቤተመንግሥቱ በተሠራበት ሥፍራ ላይ ድንኳናቸውን ተክለው በዚህ ሥፍራ ላይ የልጅ ልጄ ከተማ ይሰራበታል ብለው እንደ ትንቢት ተናግረው ነበር

ይባላል”(ሀፋይ, 1999:67):: Yaadni kunis maqaan bakkaa kun kan Afaan Oromoon baasameen beekamuu ibsa. Akka afee kanaatti, bakki amma magaalaa gudditii biyya kanaa ta’uun beekamuun maqaa ‘Addis Ababaa’ jedhamuun waamamu Finfinnee jedhamaa ture. Akka ibsa kanaatti, Mootiin Shawaa Saahila Sillaaseen bara bulchiinsa isaa (1804-1838) keessa yeroo tokko Dabrabiraanii ka’ee gara kana yemmuu dhufe maqaan bakka kanaa Finfinnee akka jedhamu ibse. Ragaa kanarraa kan hubatamu Saahila Sillaaseen naannaa hora Finfinnee kana yemmuu dhufetti, maqaan bakkaa naannichi ittiin beekamu Finfinnee kan jedhu ture.

Inni garuu ilmi ilma kootii yeroo tokko magaalaa sirratti ijaara jechuun hawwiifi dharraa isaa qe’ee keessummaa ta’ee qubateratti ibsatee akka deeme yaada Hiruuy kanarraa nihubatama. Maqaan Afaan Oromootiin Finfinnee jedhamuun baafame eenyummaa bakka sanaafi hawaasa maqaa sana akka aadaa isaatti baasee agarsiisa. Sababnisaa, akka Qazimi “Place identity is substructure of social identity, like gender and social class”(Qazimi, 2014:307) jechuun ibseedha. Eenyummaan bakkaa eenyummaa caasaa garee hawaasa bakkichaan hidhata qaba. Hiruy naannaa kana buufachuu Saahila Sillaasee ibsee maqaan bakka inni buufatee Finfinnee akka jedhamu hime. Kun immoo osoo gara maqaa ‘Addis Ababaa’ jedhutti hinjijjiiramin dursee akka ture ragaan dhihaate ibseera. Kun eenyummaa maqaa bakkaa, akkasumas, eenyummaa hawaasa achi jiraachaa turee maqicha baasee agarsiisa. Haata’u malee, yeroon booda ilmi ilma Saahila Sillaasee–Minilik-II bara 1886 bakka amma Inxooxxoo jedhamu(Gaara Xuuxxoo) irra buufatee kaasee maqaan kun jijjiiramee ‘Addis Ababaa’ jedhame. “Taytu had named Finfinnee 'Addis Ababa', which means 'new flower'” (Tamene, 1983:322). Akkanatti, maqaan bakkaa Finfinnee jedhamee beekamaa ture Afaan Amaaraatiin ‘Addis Ababaa’ kan jedhutti jijjiirame. Maqaa kana waliin eenyummaan bakkichaas jijjiirame.

Gama biraatin, akka hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanitti, Finfinneen maqaa ardaa jilaa horaafi bakka irreechaa giddugala kana jiruun kan walqabatuudha. Shaggar ammoo erga giddugalli Tuulamaa kun bakka buufata mootataa ta’uun gara magaalatti jijjiiramuun ‘Addis Ababaa’ jedhamuun moggaafamtee Oromoon kan dhimma itti bahaa tureedha jedhu. Akka hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanitti, Shaggar maqaa Oromoon magaalaa amma Finfinnee jedhamtu ittiin beekuufi waamudha jedhu. Afeewwan ogafaan hawaasaa keessaa ragaan dhiheessan:

Afee 02

Shaggarii galuufan deema ya awwaara miila kootii
 Shan taatee na dura yaati mammagaallen biyya kootii.
 Yoggaa Shaggarii galtuu Maa ulee lafaan dhaanta ya Garbii
 Garaafi anat wal lolee mee walitti araarsi kaa ya qalbii
 Silaa Shaggaran bahaa
 Shaggaritti kooraa fannisanii
 Silaa sijalan rafa, si jala ijoollee raffisanii
 Yaa Shaggar yaa Shaggarii
 Yaa magaalaa Iyyaasuu (x2)
 Haa jedhan waan jedhanii

Jechi biyyaa nu hinbaasuu
(Afgaaffiin Amajjii, 2014 funaaname keessaa)

Afeewwan ogafaanii kunneen yeroofi galumsa garagaraa keessatti kan weeddifamaniidha. Haata'u malee, akka hirmaattonni qorannichaa ragaa kennaniin ibsanitti yoomessa keessatti weeddifaman sanaan Shaggar maqaa bakkaa akka ta'e ibsanii jiru. Akka afee ogafaanii olitti dhihaatanirraa hubatamutti Shaggar bakka deemanii dhimma ofii raawwatatanii galaniidha. Walaloon weedduu "Shaggarii galuufan deema ya awwaara miila kootii" jedhu nama bakka shaggar jedhamu dhimmaaf deemee galuun kan dhihaatedha. Walaloowwan kanneen keessa "Shaggarii galuufan deema, Yoggaa Shaggarii galtuu, Silaa Shaggaran baha, Shaggar yaa magaalaa Iyyaasuu" kan jedhan Shaggar magaalaa bakka dhimma ofiif deemanii galan ta'uu ibsu. Magaalaa Iyyaasuun keessa ture ta'uu agarsiisa. Kanarraa kan hubatamu Shaggar maqaa magaalaa Finfinnee ittiin waamamtu akka ta'eedha. Ogafaan hawaasaa keessa Shaggar baana kan jedhu malee Finfinnee baana kan jedhu beekama akka hinturre hirmaattonni weedduu kana himan ibsanii jiru. Dabalataan namoota umuriin bubbulan osoo gaafatee magaalaa kanaan Finfinnee osoo hintaane Shaggar jedhu jechuun ibsan.

Maqaaleen Finfinnee, Shaggar, 'Addis Ababaa' jedhan kunneen maqaa bakkaa akka agarsiiftuu eenyummaa bakkaatti ilaalamuu danda'aniidha. Naannaa Hora sanaatu Finfinnee jedhamuun beekamaa ture malee lafti magaalaa Finfinnee yeroo ammaa irratti babal'atee maqaa 'Addis Ababaa' jedhuun kutaafi gandoota adda addaatti qoodamtee beekamtuun maqaa mataa mataa isaanii akka qaban ragaan gabateewwan itti aananiin dhihaate agarsiisee jira. Oromoon Tuulamaa lafa amma Finfinnee jedhamuun beekamu kana irra araddaa godhatee yemmuu jiraataa ture, maqaalee bakkeewwan ittiin waamu garagaraa qaba. Maqaalee baasamanis akka aadaafi afaan hawaasichaatti dhimma bakkichi ittiin beekamu giddugaleessa godhachuun ture. Maqaan bakkeewwan kanneenii xiyyeeffannaa giddugaleessa godhatee baasame qaba. Ragaan matadureewwan itti aananiin qoqqoodamee dhihaate xiyyeeffannaa isaanii kanniin giddugaleessa kan godhateedha.

Maqaa Gosa Naannaa Sana Jiraatu

Akka ragaan afgaaffiin argame ibsutti maqaaleen magaalaa Finfinnee keessaa Oromoon moggaafaman hedduun isaanii maqaa gosaa agarsiisu.

Afee 03

Oromoon maqaa biyyaa yemmuu waamu akka ammaa kanatti osoo hintaane gosaafi qomoo achi jiraatuun waamaa ture. Biyya Tuulamaa jedha. Tuulama kana keessaa immoo akkuma qomoo qomoo isaanitti warra galaan, warra Ada'aa, warra Meettaa, Warra Gullallee, warra Abbichuu, Warra Gumbichuu, Warra Eekkaa, Warra Abbaadhoo, Warra Soddoo... jechuun maqaa bakka isaan jiraataniis waama. Bakkicha keessaa immoo araddaafi qe'ee qe'ee isaanii akkuma waan naannaa sanaan walqabatuutti baasa. Isaanis faayidaa bakkicharraa argamu, waan

naannaa sanatti baay'inaan beekamu, sirna naannaa sanatti raawwatamufi kkf irratti hundaa'uun maqaa baasaa taran. (Afgaaffii Obbo Alamaayyoo Hayilee waliin bara 2014 taasifame irraa)

Akkuma ragaa kanarraa hubatamu, Oromoon Tuulamaa giddugala kana jiraatu hidda latiinsa isaan gosaafi balbala qaba. Ilmaan walirraa dhalataa deemaniif maqaa baasa. Abbaafi ilmummaatti, akkasumas, obbolummaatti ittiin beekamu. Maqaa sanaan eenyummaan isaa adda bahee ittiin waamama. Innis darbee ilma godhachuun maqaa baasaaf. Maqaan kun ammuma hawaasichi babal'achaa deemu maqaa gosaa ta'uun hidda latiinsa maatii hawaasichaa agarsiisa. Maqaaleen bakkeewwanii Finfinnee keessaa tokko tokko maqaa ilma bakki sun kennameefin walqabatu. Akka obbo Alamaayyon ibsanitti, bakki Galaan jiraatu qe'ee warra Galaaniin beekama ture. Bakki Ada'aan jiraatu Ada'aan, bakki Meettaan jiraatu Meettaan, bakki Gullalleen jiraatu Gullalleen, bakki Eekkaan jiraatu Eekkaan, bakki Sooddoo jiraatu Sooddoo beekama ture. Kana jechuun maqaa ilmaa kan maqaa gosaa bakka bu'e sanaan akka gosti sun bakka sana jiraatu agarsiisuun beekama jechuudha. Gosti bakka sana jiraatu sun immoo, araddaa isaa keessaa bakkeewwan akka tajaajilaafi dhimma isaan waliin qabuutti maqaa baasuufin beeka. Bakkeewwan sirna isaa itti raawwatu, bakkeewwan ulfoo, hurufa dheedichaa, araddaa qonnaa, tulluuwwan, laggeen, bosona ... naannaa isaa jiraniif maqaa baasa. Maqaan baasamu kun aadaafi afaan hawaasichaan kan daanga'eefi eenyummaa hawaasichaa ibsuudha.

Maqaalee bakkaa Oromoon baasee Magaalaa Finfinnee keessaa osoo hinjijjiiramin jiran muraasni kan maqaa gosaa bakka bu'aniidha.

Gabatee 1: Maqaa Gosaafi maqaa bakkaa

T.L	Maqaa Gosaa	Maqaa bakkaa	Kan itti jijjiirame
1	Galaan	Galaan	Hinjijjiiramne
2	Gullallee	Gullallee	Hinjijjiiramne
3	Eekkaa	Eekkaa	Yekkaa
4	Abbaadhoo	Abbaadhoo	Abbaaddoo
5	Koyyee	Koyyee faccee	Hinjijjiiramne
6	Arraabsaa	Arraabsaa, Boolee Araabsaa	Hinjijjiiramne
7	Kuraa	Kuraa, Lammii Kuraa	Hinjijjiiramne
8	Waayyuu	Waayyuu	Qacanee Madaanaalamiifi Sameen Hoteel

Ragaa afgaaffiifi xiinxala afeewwanii irraa fudhatame

Akka ragaan maqaalee kanneenii agarsiisutti, maqaaleen gosaa maqaalee bakkaa ta'uun tajaajila jiru. Galaan ilmaan Tuulamaa sadan keessaa inni angafaa Daaccin kan godhate ilma Daacciiti (Galaan Daacci Tuulama). Maqaan kun latiinsa maatii ilmaan Tuulamaa keessatti gosa bakka bu'eera. Akkasumas, akka maqaa bakkaatti tajaajila. Maqaa namaa, Maqaa gosaa, Maqaa bakkaa ta'e. Kanaaf, bakki amma Finfinnee keessaa maqaa Galaan jedhuun beekamu kun maqaa bakkaa, maqaa namaafi eenyummaa garee hawaasaa amma hidda latiinsaatti ibsuudha. Kun

hariiroo maqaafi eenyummaan qabaniidha. Haaluma walfakkaatuun, maqaaleen itti aanan kunneenis maqaa namaatu maqaa gosaatti jijjiirame. Isumaan immoo maqaan bakkaa baasamee beekama(Alamaayyoo, 2012).

- ↳ Gullallee ilma Obooti. Oboo ilma Daacciti. Daaccin ilma Tuulamaati (Gullallee→ Oboo →Daacci→Tuulama). Maqaan bakkaa Gullalee jedhamu yeroo ammaa magaalaa Finfinnee keessatti argamu akka maqaa Afaan Oromoon baasametti maqaa namaa, maqaa gosaafi maqaa bakkaati. Maqaa kana keessa eenyummaa sadan kanatu mul'ata.
- ↳ Eekkaan ilma Obooti. Oboo ilma Daacciti. Daacciin ilma Tuulamaati (Eekkaa→ Oboo →Daacci → Tuulama)
- ↳ Abbaadhoo ilma Aabbuti. Aabbu ilma ilma Galaan. Galaan ilma Daacciiti. Daacci ilma Tuulamaati. (Abbaadhoo →Aabbu → Galaan →Daacci → Tuulama)
- ↳ Kooyyeen ilma Liiban. Liiban ilma Sooddooti. Sooddo ilma Daacciti. Daacci ilma Tuulamaati. (Kooyye → Liiban → Sooddo → Daacci → Tuulama)
- ↳ Arraabsaa ilma Jiddaati. Jidda ilma Galaan. Galaan ilma Daacciti. Daacci ilma Tuulamaati. (Arabsaa→Jiddaa→ Galaan→Daacci→ Tuulama). Boolee Arraabsaa jedhamee maqaan bakkaa baasame hidhata eenyummaa kana of keessaa qaba.
- ↳ Kura ilma Jiddaati. Jidda ilma Galaan. Galaan ilma Daacciti. Daacci ilma Tuulamaati.(Kura→Jiddaa→ Galaan→Daacci→Tuulama). Maqaa bakkaa Lammii Kuraa jedhu maqaa bakkaa keessaatti argama.
- ↳ Waayyii/ Waayyuu ilma Handaati. Handa ilma Ada'aati. Ada'aan ilma Galaan. Galaan ilma Daacciti. Daacci ilma Tuulamaati. (Waayyuu→ Handa→Ada'aa→Galaan→Daacci →Tuulama)

Maqaaleen bakkaa kunneen, maqaa gosaati. Kun immoo, maqaan bakkaaf baasame maqaa ilmaafi gosaan walqabachuun akka geggeeffamaa ture nama hubachiisa. Maqaan agarsiiftuu eenyummaa ta'uun gosti naannaa sana jiraatu eenyu ykn ilmaan Tuulamaa keessaa kam akka ta'e adda baasuun maqaa baasameedha. Kanaaf, maqaan baasame maqaa bakkaa, maqaa abbaa achi jiraatuu, maqaa gosaa (latiinsa maatii ilmaan Tuulamaa) akka agarsiisutti kan baasame ta'uu nama hubachiisa(Alamaayyoo, 2012; Alamaayyoofi miiltowwan isaa,2012).

Maqaa Mukaafi Daggala Naannaa Sanatti Argamuu

Oromoon waan bakkichaan walqabatee beekamu irratti hundaa'uun maqaa bakkaa baasaa akka deemu ragaan maqaalee armaan gadii nimul'isa.

Gabatee 2: Maqaa Mukaafi Daggalaa

T.L	Maqaa Afaan Oromoo	Kan itti jijjiirame	Afaan Itti jijjiirame
1	Adaamii	ሩፋዔል (Rufaa'eel)	Afaan Amaaraa
2	Bakkanniisa	መከኒሣ (Makkanniisa)	Afaan Amaaraa
3	Dhummuugaa	ግንፍሌ (Ginfillee)	Afaan Amaaraa
4	Doobbii	ቀጩኔ (Qacanee)	Afaan Amaaraa
5	Garbii	ሰንጋ ተራ (Sangaa Taraa)	Afaan Amaaraa
6	Harbuu	ሾሊ- መገናኛ (Shoolaafi Magganaanyaa)	Afaan Amaaraa
7	Laaftoo	ላፍቶ (Laaftoo/)	-
8	Muujjaa	American Embassy (Amerikaan Imbaasii)	Afaan Ingilizii
9	Sokorruu	መሳላሚያ (Massaalamiyaa)	Afaan Amaaraa
10	Waddeessa	አትክልት ተራ እና ጣሊያን ሰፈር (Atikilti Taraafi Xaaliyaan Safar)	Afaan Amaaraa
11	Xuuxxoo/ Baddaa Diilallaa	እንጦጦ (Inxooxxoo)	Afaan Amaaraa

Maddi: Kitaaba Alamaayyoofi Miiltowwan isaatiin “Seenaa Oromoofi Hundeeffama Magaalaa Finfinnee” jechuun giddu gala Aadaa Oromootti bara 2012 maxxamfame fuula 258-261 irraa kan fudhatameedha

Maqaalee bakkeewwan kanneenii, maqaa mukkeen naannaa sanatti baay’inaan argamanii irratti hundaa’uun warri achi jiraatan kan baasan ture. Kun immoo, hawaasni Afaan Oromootiin maqaalee kanneen baasuun naannaa sana beeku ፍakkaataa itti eenyummaa bakkichaa ibse agarsiisa. Akkuma ragaa kanarraa hubannu yeroon booda jijjiiramanilleen maqaan jalqaba baasame maqaa mukkeenii kan giddugaleessa godhateedha. Akkasumas, daggala akka muujjaa, sokorruufi doobbii naannaa sanatti biqiluun beekamaniin maqaalee basamaniidha. Moggaasni jalqabaa kun, eenyummaa hawaasa maqaa sana baaseefi eenyummaa bakkichaa ibsa. Innis jechoota Afaan Oromoon waan ta’eef, eenyummaan hawaasa moggaasa kana kennuun bakkeewwan sana jiraachaa turee Oromoo ta’uu agarsiisa. Eenyummaan bakkichaas akka har’aa kan ijaarsa manneeniin uwwifame osoo hintaane bakka mukkeenifi daggala garagaraan beekamu dachee magariisa ta’uu maqaa mukkeenii irraa nihubatama.

Maqaa Bakkeewwan Sirnaa

Moggaasni maqaalee bakkeewwanii magaalaa Finfinnee keessa turan kanneen sirna hawaasaan walqabatan jiru.

Gabatee 3: Maqaalee Bakkeewwan Sirnaa

T.L	Maqaa Afaan Oromoo	Kan itti jijjiirame	Afaan Itti jijjiirame
1	Birbirsaa gooroo	ፒያሳ (Piyaassaa)	Afaan Xaaliyaanii
2	Caffee Araaraa	ስድስት ኪሎ (Sidist Kiiloo)	Afaan Amaaraa
3	Caffee Muudaa	ልደታ (Lidataa)	Afaan Amaaraa
4	Caffee Tumaa	ሸሮ ሜዳ (Shiroo Meedaa)	Afaan Amaaraa
5	Dhagaa Booraa	ሃያሁለት ማዘረያ (Haayaa hulet Maazooriyaa)	Afaan Amaaraa
6	Dhagaa Araaraa	ታላቁ ቤተመንግስት እና አከባቢዉ (Taallaaquu Beeta Mangisti innaa akkabaabiwu)	Afaan Amaaraa
7	Hulluuqqoo kormaa	መስቀል አደባባይ እና ራስ ብሩ ሰፈር (Masqal addabaabay innaa Raas Birruu Safar)	Afaan Amaaraa

Maddi: Kitaaba Alamaayyoofi Miiltowwan isaatiin “Seenaa Oromoofi Hundeeffama Magaalaa Finfinnee” jechuun giddu gala Aadaa Oromootti bara 2012 maxxamfame fuula 258-261 irraa kan qindaa’e

Maqaaleen gabatee kana keessatti mul’atan bakkeewwan sirni itti raawwataman kan agarsiisaniidha. Akka hirmaattonni ragaa qorannoo kanaa ibsanitti, Birbirsaa gooroo kan jedhamu lafa ol ka’aa mukti Birbirsaa baay’inaan itti argamu, kan namoonni yaa’ii jalatti bahaniidha. Namoonni bakka kanatti walitti yaa’anii dhimmoota hawaasaa irratti mariyyachaa turan. Akkasumas, akka namoonni kun ibsanitti, warri hora obaafachuuf Ada’aa, Mugar, Hoolota, naannaa Tulluu Furiitii dhufan loon isaanii lafa burqaa horaa jiidhina qabuu irraa gooroo sanatti ol yaasuun jala boqotu; bulus.

Akka hirmaattonni ibsanitti, Dhagaa Araaraa kan jedhu, bakka araari itti bu’uudha. Tumaa tumameef kan qabu, bakka Ayyaantuun namaafi nama, namootaafi namoota, gosaafi gosa itti araarsu ture. Dhagaa Araaraa kan jedhames kanarraa ka’eet jedhu. Caffee Tumaa kan jedhu immoo, bakka itti tumaa tumataniidha. Dabalataan, Doloolloo biddeenaa kan jedhame, warri loon hora fidatan bakka itti taa’anii gala biddeena qabatanii dhufan nyaataniidha. Kanarraa kan ka’e Doloolloo buddeenaa jedhame jechuun hirmaattonni afgaaffiin ragaa kennan ibsaniiru.

Walumaagalatti, maqaaleen bakkeewwanii Finfinnee keessa bakkeewwan sirni hawaasaa itti raawwataman agarsiisan garagaraatu jiru. Bakkeewwan kanneen sirnoota duudhaa hawaasaa

waliin walqabatu. Maqaafi tajaajila bakkeewwan kanaa jijjiirunis waan duudhaa hawaasaa akka sona aadaatti jiru jijjiiruudha.

Maqaalee maqaa lamarraa baasaman

Maqaalee bakkaa Afaan Oromoon moggaafaman muraasa irraan kan hafe baay'een gara afaanota garagaraatti jijjiiramanii argamu. Akka ragaan gabatee armaan gadii agarsiisutti maqaan bakkaa hedduun Afaan Amaaraatti kan jijjiiramaniidha.

Gabatee 4: Maqaalee jechoota lamarraa baasaman (Jechoota Tishoo)

T.L	Maqaa Afaan Oromoo	Kan itti jijjiirame	Afaan Itti jijjiirame
1	Arbuu Irreechaa	ራስ ሀይሉ ሰፈር (Raas Hayiluu Safar)	Afaan Amaaraa
2	Baddaa Ejersaa	ራስ ካሳ ሰፈር (Raas Kaasaa Safar)	Afaan Amaaraa
3	Harbuu hurufaa	አብነት፣ ጌጃ ሰፈር (Abinnatiifi Geejjaa Safar)	Afaan Amaaraa
4	Hulluuqqoo kormaa	መስቀል አደባባይ፣ ራስ ብሩ ሰፈር (Masqal addabaabay, Raas Birruu Safar)	Afaan Amaaraa
5	Hurufa Raaree	አዉቶብስ ተራ፣ ደጃዝማች ገንጫ ሰፈር (Atobis taraa, Dajjaazmaach Ganamee Safar)	Afaan Amaaraa
6	Tulluu Dheertuu	ጎፋ ሰፈር (Goofaa Safar)	Afaan Amaaraa
7	Baaboo Kormaa	ሳር ቤት፣ ቄራ (Saarbeetiifi Qeeraa hanga tokko)	Afaan Amaaraa
8	Baaroo Kormaa	ጥቁር አንበሳ (Xuqur Ambassaa)	Afaan Amaaraa
9	Dachee Golbaa	ወንድማማቾች (Wandimaamaachooch)	Afaan Amaaraa
10	Labuu Xarroo	ሉካንዳ፣ አስራስምንት ማዘርያ (Lukaandaafi Asiraa Simminti Maazooraa)	Afaan Amaaraa
11	Qarsaa Jabbii	ሰባተኛ (Sabaattanyaafi naannoo ishee)	Afaan Amaaraa
12	Tulluu Ejersaa	ሃና ማርያም (Haannaa Maariyaam)	Afaan Amaaraa
13	Xiixaa Haarawaa	ቃጫ ፋብሪካ፣ ሆላንድ ጃምባሲ (Qaaccaa Faabrikaafi Imbaasii Hoolaandi)	Afaan Amaaraa
14	Birbirsaa Gooroo	Piazza /Piyaassaa	Afaan Xaaliyaanii
15	Sulula Garbii	Markaattoo	Afaan

			Xaaliyaanii
16	Qarsaa	Kaasaanchiis	Afaan Xaaliyaanii
17	Burqaa Ejersaa	Faransaay Imbaasii	Afaan Ingilizii

Maddi: Kitaaba Alamaayyoofi Miiltowwan isaatiin “Seenaa Oromoofi Hundeeffama Magaalaa Finfinnee” jechuun giddu gala Aadaa Oromootti bara 2012 maxxamfame fuula 258-261 irraa kan qindaa’e

Akka ragaa gabatee kana irraa hubachuun danda’amutti, maqaaleen bakkeewwan magaalaa Finfinnee keessa jiran kunneen maqaaleen lama walitti dhufuun kan waamamaniidha. Kunis akka xiyyeeffannaa maqaa kennamuutti, wantoota naannaa sanaan walqabatan lama walitti fiduun maqaalee baasaman ta’uu agarsiisa. Kunis sirna moggaasa maqaa hawaasichaa mul’isa.

Haata’u malee, yeroon booda Afaan Amaaraatti jijjiiramanii argamu. Akkuma Maqaan bakkaa ‘Addis Ababaa’ jedhamu kennamee maqaa naannichaa jijjiire, maqaan bakkeewwanii birooniis jijjiiramaa deeman. Akkuma ragaa gabatee kanarraa hubatamu, maqaan bakkaa hedduun ‘Safar’ kan jedhutti jijjiirameera. Namni Horvath jedhamu maqaan ‘Safar’ jedhu akkaataa itti baasame ibsuuf “The emper Menelik allotted each occupational group an area known as a “sefer”. Thus, there was the carpenter’s “sefer” or the guard’s “sefer” (Horvath, 1968:44) jedha. Hojjettootaafi humna tikaa yookiin loltoota isaanii garee gareen qoqqooduun lafa qoodufiin maqaa ‘Safar’ jedhu baasan. Kana jechuun gareen hawaasaa biraan dhufee naannaa sana waan buufateef bakkichaan bakka buufataa jechuu isaaniti. Kun achi turuu osoo hintaane dhufanii qubachuu ibsa. Maqaa bakka sanaa kan Oromoon ittiin waamu immoo nijjiire.

Akkuma gabatee olii irraa mul’atu, Raas Hayiluu Safar, Raas Kaasaa Safar, Walloo Safar, Geejjaa Safar, Raas Birruu Safar, Dajjaazmaach Ganamee Safar, Goofaa Safar, Xaaliyaan Safar jedhamuun naannaan qubatame akka waamamu ta’e. Kun kan ibsu, maqaa ‘Addis Ababaa’ jedhu baasuun booda naannaa mana haaraa Xaayituun qubsuma godhachuuf ijaarsiftetti ijaarsi darbee darbee gareewwan hojjettoota isaaniin eegalame ‘Safar’/ሰፈር/ jedhamuun maqaa haaraa argachaa deeme (Horvath, 1968). Sana booda, maqaan bakkeewwan Magaalaa Finfinnee keessaa haala kanaan yeroo yerootti maqaa haaraa baasafii deemuun jijjiiraman. ‘Safar’ jechuun bakka namoonni dhufanii qubachuun mana itti ijaarratanii jiraatan yemmuu ta’u, gareen hawaasaa naannaa kana keessa buufatee maqaa kana baase kan loorii afaan ittiin maqaa haaraa baase waliin qooddatuu ta’uu agarsiisa. Kana jechuun osoo hawaasuma loorii maqaa jalqaba Afaan Oromoon baasame waliin qooddatu ta’ee maqaa biraa baasuun isa hinbarbaachisu ture. Garee biraa dhufee qubatee maqaa haaraa baase. Kun har’alleen waanuma itti jiruudha.

Maqaa jijjiiruun beekumsa garee hawaasa sanaa ykn loorii isaa jijjiiruudha. Looriin hawaasichaa agarsiiftuu eenyummaa hawaasa sanaati. Kanaaf, maqaa jijjiiruun eenyummaa jijjiiruudha. Akkuma caaya yaadrimee jalatti, “The practice of renaming places has helped reshape the sociocultural, ethnic, and ideological identity in another geopolitical environment” (Caiazzo and

Nick 2020:4) jechuun ibsame, maqaa jijjiiruun dhimmoota hawaasaa birootiin walqabata. Maqaa jijjiiruun dhimmoota hawaasaa kanneen akka aadaa hawaasaa, gosa, eenyummaa, illaanyaa, haala siyaasa naannichaa jijjiiruudha. Akkasumas, adeemsi maqaa bakkaa jijjiiruu akka addunyaatti mul'atu jijjiirama siyaasaa waliin hidhata addaan bahuu hindandeenye qaba (Guyot and Cecil, 2007). Akkuma kana maqaa bakkaa haaraa baasuun mul'atan kunneen, kan hawaasni jalqaba achi ture baase yeroo afaan biraatiin irra deebiin baasan kan dhufeedha. Sababnisaa, qubannaa garee hawaasaa biraatiin beekumsiifi dhimmi hawaasa naannaa sanaa kan loorii hawaasichaa ture jijjiiramuun walqabata. Gareen hawaasaa naannaa sana jiraatuufi maqaa jalqabaa sana baase garee hawaasaa biraatiin yemmuu walitti makamu loorii isaa kanneen akka afaanii, aadaa, duudhaa, amantii, siyaas-dinagdee, hawaasummaa isaa qabatee itti fufuu dadhabuun gareen hawaasaa sun diigamee gareen hawaasaa loorii biraa qabu akka uumamu ta'e. Yemmuu kana looriin garee haaraa ijaaramuun yookiin bakka bu'un akka haaraatti qooddattame. Kana jechuun, jijjiiramni garee hawaasaa jijjiirama loorii isaanii fide. Jijjiiramni loorii isaanii immoo, jijjiirama agarsiiftuuwwan eenyummaa garee sanaa fide. Kanarraa kan ka'e, jijjiiramni mul'ate jijjiirama eenyummaa garee hawaasa sanaa uume. Kun sababa jijjiirama maqaa bakkaa, akkasumas, hawaasichaa mul'isa.

Jijjiiramni garee hawaasaa kan uumamuu danda'eef, akkuma (Guyot and Seethal, 2007) ibsaniifi seenaafi afoolli biyya keenyaa agarsiisanitti siyaasni iddoo olaanaa qaba. Akka seenaa hundeeffama magaalaa Finfinneetti bara 1886 kaasee maqaan 'Addis Ababaa' jedhu moggaafamuu irraa eegalee bulchiinsa Minilik jala galuun Oromoon Tuulamaa niweerrame. Bulchiinsi sirna Gadaa Oromoo Tuulamaa laafuufi aangoon isaa hafuun bulchiinsa gonfootiin buluun eegalame. Jijjiiramni siyaasaa dhufe kun jijjiiramni garee hawaasaafi loorii hawaasichaa akka dhufu godhe. Kanarraa kan ka'e aadaafi duudhaan maqaa baasuufi afaan ittiin maqaan baasamu jijjiiramuun maqaaleen har'a bakkeewwan kunneen ittiin waamaman dhufan. Akkuma Guyot and Seethal, (2007:2) "The process of renaming places is inextricably linked to political changes in different parts of the world." jedhan jijjiiramni siyaasaa jijjiirama maqaatiif qooda olaanaa qaba. Akka hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanitti, jijjiiramni siyaasaa yeroo sanaa jijjiirama aadaa, afaanii, amantii, dinagdeefi hawaasummaa fide. Maqaa qofa osoo hintaane dhimmoonni hawaasa naannichaa kamuu akka jijjiiraman taasifaman. Afaan tokko, aadaa garee tokkoo, amantii tokko, biyya tokkoofi alaabaa tokko kan jedhu kan gareewwan kaanii liqimse. Namoonni jijjiirama eenyummaa sanatti waliigaluu didan bakkicha gadhiisanii akka godaanan taasifame.

Jijjiiramni maqaalee bakkeewwanii taasifaman kun adeemsaafi duudhaa moggaasa maqaafi afaan garee hawaasa tureetiin osoo hintaane kan garee haaraa adeemsa siyaasaatiin achi buufatee kan hordofeedha. Kanarraa kan ka'e maqaa bakkichaa jijjiiruun maqaa biraa baasufii qofa osoo hintaane tajaajila bakkichaas dhimma garee hawaasa biraatti kan jijjiire ta'e. Akka hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanitti, bakki amma maqaa 'Filwuhaa' jedhamuun waamamu, iddoo Hora Finfinnee jedhamuun beekamuudha. Horri kun horawwan iddoo biroorraa kan adda ta'eedha.

Sababnisaa akka hirmaattonni ibsanitti, loon hora kana dhugan garaan isaanii dhukkubarraa qulqullaa'ee fayyuu qofa osoo hintaane hormaataaf kan isaan gargaarudha. Namoonni ragaa kana kennan hora hormaataati jechuun ibsanii jiru. Akka maanguddoonni ragaa kennan tokko ibsanitti yeroo Hayilasillaasee keessa bidiruun/'Gandaan'/ itti tolfamee loon keenya obaafataa turreerra jedhu. Yeroo ammaa kana garuu loon obaasuuf osoo hintaane namni ittiin qaama dhiqachuuf tajaajilaa jira. Kana jechuun maqaa qofa osoo hintaane tajaajilli isaas jijjiiramee jira jechuudha. Kun akka miira garee hawaasaatti fayyadama garee hawaasaa sana waliin deemu irratti hundaa'uun raawwatama. Gareen hawaasaa tokko loon isaa obaafachuun fayyummaa loon isaa kan ittiin eeggatuufi duudhaa hormaata loon isaaf kan dhimma itti bahu yemmuu ta'u, gareen hawaasaa biraan immoo qaama ittiin dhiqachuun tajaajila fayyummaa nyaataa (ookisisaa) qaama isaaf oolfachuu fedha. Miirriifi aadaan gareewwan hawaasaa addaddummaa qabu kanaan gama caalmaa uumetti jijjiirama. Kun jijjiirama maqaalee bakkeewwanii magaalaa Finfinnee keessaa hunda irratti kan raawwateedha. Bakkeewwan sirna hawaasa turan, gareen hawaasaa biraan yemmuu dhufu akka sirna isaatti mana sagadaafi maqaa mana sagadaa itti baasuun kan geggeeffameedha. Haala kanaan jijjiiramni maqaalee bakkeewwan magaalaa Finfinnee keessaa akka raawwatamaniifi raawwatamaa jiran hirmaattonni qorannoo kanaa ibsanii jiru. Akka ragaa gabateewwan 2, 3fi 4 irraa mul'atanitti maqaaleen bakkeewwanii magaalaa Finfinnee keessaa bal'inaan Afaan Amaaraatti jijjiiramuu agarsiisu. Kun immoo afaanota gidduu caalmaa afaanii jiru mul'isa.

Gama biraatin, maqaaleen bakkaa muraasni afaanota biyya diidaa kan akka Afaan Xaaliyaaniifi Afaan Ingiliziitti jijjiiramanii mul'atu. Xaaliyaaniin bara 1936-1941A.L. Atti yemmuu Magaalaa kana keessa turtetti bakkeewwan hawaasni jiraatu tokko tokko afaan isheetiin maqaa baasuu eegalte turte. Akkuma gabatee 4^{ffaa} lakkoofsa 14, 15, 16 irratti mul'atu, kan Oromoon Birbirsaa Yaa'ii Gooroo jechuun waamaa ture Afaan Xaaliyaanitiin 'Piazzaa' jechuun maqaa baastee turte. Kun har'alleen kan ittiin waamamuudha. Hiikni isaa lafa bal'aa manneen magaalaa gidduutti argamu kan namoonni itti walitti yaa'an jechuudha. "Piazza /noun/ a public square, especially in an Italian town" (Oxford Advanced Learner's Dictionary, 2010:1141). Maqaan Afaan Xaaliyaaniin baasame kun kan bakka yaa'ii jechuun jalqaba hawaasni baaseen waan walitti dhiheenya qabuudha. Kun immoo, waan hawaasni naannichatti godhu irratti kan hundaa'e ta'uu isaati. Akkasumas, kan Afaan Oromootiin Sulula Garbii jedhamee beekamu Afaan Xaaliyaanitiin Markaattoo jechuun akka moggaafame hubatama. Hiikni isaa kan Afaan Ingiliziitiin 'Market' jedhutu Afaan Xaaliyaaniin 'Mercato' jedhama. Maqaa lafa itti waa bitanii gurguranii/ lafa daldalaati. Yeroo ammaa kana maqichi kanuma Xaaliyaaniin baasteen kan beekamu yemmuu ta'u daldala biyyaa kanaa keessatti iddoo olaanaa qabatee kan jiruudha. Lafa gabaa yookiin bakka daldalaa hiika jedhu qaba. Gama biraatin, Qarsaa kan tures Kaazaanchis yemmuu jedhamu Afaan Xaaliyaanitti kan jijjiirameedha. Hiikni isaa naannaa namoonni qabeenyaa qaban jiraatan jedhuudha.

Afaan Maqaan bakkaa itti jijjiirame inni biraan Afaan Ingilizii yemmuu ta’u, kun naannaa Imbaasonni biyyoota adda addaa buufatan sanaan waamuun kan walqabatuudha. Kanneen akka Muujjaadhaan Amerikaan Imbaasii jechuu, Burqaa Ejersaatiin immoo Faransaay Imbaasii jechuutu Afaan Ingilizii ta’ee mul’ata.

Walumaagalatti, qaaccessa dhihaate irraa kan hubatame, maqaan bakkaa hiika akka aadaa afaanichaatti qabatee argamu qaba. Hiika kana akka kennuuf, gareen hawaasaa maqaa kana laatu aadaa, duudhaa, afaaniifi ibsa naannicha bakka bu’u giddugaleeffata. Haala, taatee, tajaajila, wantoota bakkichatti argaman, wantoota eenyummaa bakkichaa ibsan adda addaa bu’uureffachuun maqaa baasa. Kanaaf, maqaan bakkaa hambaa aadaafi duudhaa hawaasa maqicha baaseeti. Kana jechuun haala garee hawaasaa yeroo maqaa sana kennu achi turee, kanneen akka afaan isaanii, diinagdee isaanii, hariiroo bakkicha waliin qaban, tajaajila irraa argatan, sirna bakkicha irratti raawwatan, seenaa bakkichaan walqabatu, walumaagalatti eenyummaa isaanii kan calaqqisiisudha. Maqaan yemmuu jijjiiramu agarsiiftuuwwan eenyummaa hawaasichaa kunneen waliin jijjiiramu. Yemmuu kana maqaa jijjiiruun eenyummaa jijjiiruu ta’a.

Maqaaleen bakkaa yeroo ammaa jijjiiramanii argaman eenyummaan isaan agarsiisan kan isa jalqabaatiin tokko miti. Maqaaleen hedduun ‘safar’ jedhamuun baasaman namoota dhuunfaa kan ibsan yemmuu ta’u kanneen maqaalee manneen amantii naannaa sanaan baasaman hedduun amantii kan agarsiisaniifi ibsan ta’anii jiru. Kan duraa garuu, eenyummaa gosaa, seenaa bakkichaa, tajaajila bakkichaa, duudhaafi sirna hawaasaa achitti raawwatamu ibsa ture. Kun maqaa jijjiiruu waliin eenyummaa jijjiirameedha.

Akkuma ragaa olitti qaacceffame irraa hubatamu, maqaa jijjiiruun eenyummaa jijjiiruudha. Maqaa jalqaba baasameen eenyummaa hawaasa moggaasicha kennee hubanna. Ilmaan Tuulamaa bakkicha jiraachaa turan maqaa afaan isaanitiin akka aadaa isaanitti waan baasaniif eenyummaa isaanii keessa hubatama. Eenyummaan hawaasichaa moggaasa bakkichaa keessa ibsamu yemmuu maqaan biraa baasametti nijjiirame. Eenyummaan moggaasa jalqabaa keessa ture badee eenyummaan haaraan maqaa haaraan ijaarame.

Maqaa jijjiiruufi dabsanii sagaleessuun yaada bu’uuraa hawaasni eenyummaa bakkichaaf qabu jijjiirudha. Maqaa akka sirrii hintaanetti sagaleessuun yookiin barreessuun eenyummaa mancaasuu ta’a. Kanaaf, Aksholakova (2014:465) kana yemmuu ibse, “*If a name is mispronounced or written incorrectly, it can be considered as the distortion of an identity in the sense of personality of a man.*” jedhee jira. Maqaa gosaa bakkaa Abbaadhoo jedhu ‘Abbaaddoo’ jedhanii dabsanii sagaleessuun kana agarsiisa. Maqaaleen bakkaa afaanota birootti jijjiiraman kanneen keessa mancaatiin eenyummaa bakkaa akka jiru hubachuun nidanda’ama. Afaan jijjiiruun maqaa jijjiiruun dhimma hawaasni maqicha keessaa qabu jijjiiruudha. Asaffaan yemmuu ibsu “*Changing the name of Oromo was invented to destroy Oromoness and to devalue Oromo Culture, history and tradition*” jedha Asafa (2009:198). Maqaa bakkaa kana jijjiirunis,

akkuma kana eenyummaa bakkichaa balleessuufi hiikaafi agarsiiftuu eenyummaa hawaasichi achi keessaa qabu kanneen akka aadaa, seenaa, duudhaafi afaanii mancaasuudha. Walumaagalatti, jijjiirama maqaalee bakkeewwanii kanneen keessa jijjiirama eenyummaatu mul'ate.

GOOLABAAFI YABOO

Goolaba

Fooklooriin garee hawaasaafi beekumsa gareen hawaasaa sun waliin qooddatu ibsa. Gareen hawaasaa beekumsa qooddatu kanaan eenyummaa isaa ijaara; ibsatas. Kana keessaa maqaa baasuun isa tokko yemmuu ta'u kan dhimmoota hawaasaa garagaraan walqabatuudha. Maqaa baasuun sirnaafi dhimma hawaasa maqicha baasee haammata. Akka xiinxala qorannoo kanaan geggeeffametti, dhimmoonni hawaasa maqaa jalqabaa baasee hedduun, hiika qaban irraa jijjiiramuun hubatamuu danda'ee jira. Inni jalqabaa maqaalee bakkaawwanii kanneen keessa maqaan gosaa jira. Kun immoo, garee hawaasaa achi jiraatu beekuu nama dandeessisa. Kana jechuun eenyummaa hawaasa achi jiraatuu ibsa. Inni biraan tajaajila bakkichi hawaasaaf kennaa ture kan agarsiisuudha. Kanneen akka araddaa qonnaa, hurufa dheedichaa, bakkeewwan raawwii sirnaa, hora horii obaafataniifi iddoo irreechaa, Tulluuwwan, malkaawwan, caffeewwan ta'uu agarsiisuun maqaalee baasamaniidha.

Akkasumas, loorii hawaasichaa keessaa tokko kan ta'e Afaan Oromootiin maqaalee baasamaniidha. Afaan akka aadaa hawaasaatti hiika kenna. Kanaaf, akka aadaa Oromooti Afaan Oromootiin maqaa hiika qabuun agarsiiftuu eenyummaa hawaasichaa ta'uun baasamanii argamu. Oromoo biratti, maqaa baasuun akka qaba. Maqaa baasuufi moggaasuun sirnaafi hiika guddaa kan qabuudha. Moggaasunuu Oromoodhaaf moggaa Waaqaafi lafa dhageessisuudha. Kanaaf, Oromoon maqaa hinjigne moggaasa. Maqaan hinjigu jedha. Maqaan akkanatti mogga'e jijjiiramuu hindanda'u ture. Innis ofii isaatii hinjijjiirre.

Akka xiinxala ragaa qorannoo kanaatti, maqaaleen Afaan Oromoon baafaman afaanota birootti jijjiiramanii argamu. Afaan irra caala maqaaleen bakkeewwanii magaalaa Finfinnee itti jijjiiraman Afaan Amaaraati. Moggaasa jalqaba bara 1886 Xaayituun abaaboo naannaa Hora Finfinnee ilaaluun 'አዲስ አበባ'-Abaaboo haaraa' jettee moggaafte irraa kaasee maqaaleen bakkeewwanii Oromoon Tuulamaa naannaa isaa ittiin waamu gara Afaan Amaaraatti jijjiiramuun maqaalee biroon bakka bu'amanii jiru. Kun Afaan Amaaraa maqaalee Afaan Oromoo ilmaan Tuulamaa bakka magaalaa kun irratti hundoofteefi itti babal'atte irra jiraatan fayyadaman godaansisee jiraachuu agarsiisa. Jijjiirama eenyummaa maqaalee bakkeewwanii magaalaa Finfinnee kanarraa caalmaa afaanotaatu mul'ata. Caalmaan afaan tokko afaan hawaasni naannichaa dhimma itti bahurratti qabaatu immoo amala afheddummaafi aad-heddummaa miidha. Akka xiinxala qorannoo kanarraa hubatametti, moggaasni maqaalee bakkeewwan Magaalaa Finfinnee keessaa yoomessa lama kan qabaniidha. Isaanis, kan Oromoon Tuulamaa naannaa sanaaf maqaalee akka eenyummaa bakkichaafi aadaa hawaasaatti Afaan Oromootiin baasee ittiin waamu qaba. Yeroon booda garuu caalmaa afaan garee biraan dhuunfatamuun yoomessi biraan uumamee Afaan

Amaaraatti jijjiiramee kanneen har'a ittiin waamamutti dhufe. Kun caalmaa afaan garee tokkoo afaan biraa irratti qabaatun kan dhufeedha. Caalmaan kunis, sirna bulchiinsotaafi illaanya turan irraa kan dhufe malee jijjiiramaafi lufiinsa fedha Oromoo Tuulamaan raawwatame miti.

Afaan, maqaa bakkaa, eenyummaa maqaa bakkaafi eenyummaa hawaasa achi jiraatuu jijjiiruun eenyummaa garee hawaasa biraa uuma. Kun immoo, dhimmoota hawaasa tokkoo irraan gaaga'ama geessisa. Sirnoota hawaasa Oromoo Finfinnee jalaa haala kanaan gaaga'aman keessaa Irreechi Finfinnee dhiheenya kana bara 2012 A.L.I akka deebi'ee damdamatu taasifamee jira. Gaaga'amni Oromoo Finfinneerra gahe gama garagaraatin kan ilaalamu ta'ulleen akka ragaa qorannoo kanaa olitti dhihaataniitti, jijjiiramni maqaa bakkeewwanii gaaga'ama eenyummaa bakkaa, sirnoota bakkichatti raawwatamanii, afaaniifi aadaa hawaasa naannichaa irraatti fidee jira. Gaaga'ama hawaasa Oromoo Finfinneerra gahe keessaa tokko, gaaga'ama jijjiirama maqaafi tajaajila bakkeewwan sirna hawaasaa irra ga'e waan ta'eef kun immoo jijjiirama eenyummaa bakkaafi eenyummaa hawaasa bakkichatti dhimma bahuu fide.

Maqaan itti yaaduunis ta'ee osoo itti hin-yaadiin jijjiiran yeroon booda qaama, aadaafi afaan bakka bu'u dhabuu danda'a. Maqaa Xaaliyaaniin yemmuu biyya kana turte baaste kanneen akka 'Markatoo, Piyassaa, Kaazaanchiis' jedhan har'a aadaafi afaan garee hawaasa bakkicha jiraatu ibsanii hinqaban. Maqaa afaan ofii guddisuu yaaluu Xaaliyaanota yeroo sana achi qubataniiti. Maqaan kun har'a hawaasa kanaaf kana gumaache jechuun hindanda'amu. Sababnisaa faayidaa maqaan eenyummaa bakkichaa ibsuu, eenyummaa hawaasa maqaa sana baase ibsuufi hariiroo bakkichiifi hawaasni bakkicha jiraatan waliin qaban agarsiisuudha. Garuu battala maqaan kun laatamee kaasee amma har'aatti afaan, eenyummaan bakkichaafi hawaasa bakkicha jiraatuu jijjiirameera. Kun Xaaliyaaniin biyya ishee galtulleen dhiibbaan afaan ishee afaan hawaasa naannichaa irraan gahe irraa hinkaane jechuudha. Har'alleen maqaaleen bakkaa jijjiiramuun baasaman dhiibbaa qabu. Sababnisaa jijjiiramni maqaa bakkaa geggeeffamu gaaga'ama dhimmoota hawaasaa achi keessa jiran hundaa fida. Babal'inni magaalaa hawaasa, aadaa, afaaniifi eenyummaa dhiibuun godaansisuu hinqabu. Akka galumsa aadaa hawaasa sanaatti amala magaalummaa galumsa aadaa hawaasa achi jiruu keessatti madaqsuu barbaachisa.

Yaboo

Maqaa jijjiiruun sona aadaa hawaasaafi eenyummaa jijjiiruu waan ta'eef dhimma hawaasni maqaa bakkaa keessaa qabu hambaa aadaafi afaan hawaasichaa wanta biroo kamiinuu bakka bu'uu hindandeenye kana beekuu, kununsuufi karoorsuun barbaachisaadha. Maqaa bakkaa keessa hambaa aadaa, eenyummaa, afaan, seenaa, duudhaa hawaasaa jiru qorannoonis ta'ee gochaan xiyyeeffachuun murteessaadha. Jijjiiramni maqaa bakkaa yeroo ammaa kallattii garagaraan geggeeffamu miidhaa inni beekumsaafi aadaa hawaasaa ture gonaansisuu keessatti qabu hubachuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, Irreecha Hora Finfinnee kan ture maqaan, tajaajilaan, sirna hawaasaan jijjiiramuun 'ፍልጤ-Filwuhaa' jedhame. Kun xiyyeeffannaa hambaa aadaa hawaasaa kununsuuf kenname irraa kan ka'e, jaarraa tokkoon booda deebi'ee 'Irreecha Hora

Finfinnee' jedhamuun kan hundaa'eef gaaga'ama aadaafi eenyummaa uumame damdamachiisuun deebisanii ijaaruuf ture. Akkuma kana maqaalee bakkeewwan hambaa aadaafi eenyummaa hawaasaa ta'anii yeroo ammaa manca'aa jiran kununsuun barbaachisaadha. Sababnisaa maqaan bakkaa agarsiiftuu eenyummaa hawaasaa isa ijoodha. Eenyummaan as keessa manca'u sona aadaafi seenaa hawaasa ganamaarraa waan dabaafi badaa deemuuf gaaga'ama eenyummaa bal'aa dhaloota gidduutti uuma.

Kanaaf, Biiroofi Waajjiraaleen Aadaafi Turizimii Oromiyaa, maqaaleen bakkeewwanii magaalaa Finfinnee keessaa, eenyummaa maqaa bakkaa jalqaba Afaan Oromoon qaban akka hindagatamne hojjechuun irraa eegama. Kana qofa osoo hintaane, maqaaleen bakkeewwanii magaalalee Oromiyaa keessatti yeroo garagaraatti baasaman jijjiirama isa magaalaa Finfinnee keessatti dhiibbaan uumame akka fakkeenya gaariitti fudhachuun bu'uura eenyummaa maqaa bakkichaafi hawaasa maqichaan hidhata qabuu gadhiisuu baasamaa deemu taanaan sirrii hinta'u. Kanaaf, kana to'achuun barbaachisaadha. Sababnisaa maqaaleen baasaman kan afaaniifi eenyummaa garee yeroof carraafi caalmaa argateen dhuunfatamaa deemuun gaaga'ama dhimmoota sona hawaasa ganamaa fida. Waan kana ta'eef, biiroofi waajjiraaleen Aadaafi Turizimii Oromiyaa, Giddugalli Aadaa Oromoo eenyummaa maqaalee bakkeewwanii magaalaa Finfinnee keessaa, akkasumas, magaalalee Oromiyaa keessaafis eeggannoofi kununsu gochuun misoomsuuf gahee isaanii bahuun gaarii ta'a.

Gama biraatiin, Dhaabbanni qorannoo Oromoofi qorattoonni afaaniifi aadaa, akkasumas, barreessitoonni, maqaalee bakkeewwan Finfinnee jijjiiraman kanneen xiyyeeffachuun eenyummaa hawaasa Oromoon walqabatu baasanii mul'isuu danda'uun barbaachisaadha. Haaluma walfakkaatun, miidiyaaleen Afaan Oromoon hawaasa tajaajilan dhimmoota Finfinnee keessaaf bakka laachuun maqaalee Afaan Oromoon baasamaniifi tajaajila isaanii ture ibsaa deemuun hawaasa Oromoo maraaf hubannoo uumuun murteessaadha. Akkasumas, hooggantoonni siyaasaa rakkoo maqaaleen bakkeewwanii dhiibbaa siyaasatiin jijjiiraman qaban xiyyeeffachuun kununsuuf misooma eenyummaa maqaa bakkaaf kennamuu qabu kennuun, sona dhimmoota hawaasaa tiksuun barbaachisaadha. Haala kanaan, eenyummaa hawaasaa maqaa bakkaa keessa ibsamuufi agarsiifamu kununsuufi misoomsuuf karoofatanii hojjechuun gaaga'ama eenyummaa yeroodhaa yerootti bal'achaa deemuun, dhaloota gidduutti qaawwa guddaa uumu hambisuun murteessaadha.

WABIILEE

Aksholakova, A. (2014). *Proper name as a clue symbol of Identity*. Social & Behavioral Sciences 112 (2014) 465 – 471: Published by Elsevier Ltd.

Alamaayyoo H.(2012). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20^{ffaa}*. Jildii: Giddugala Aadaa Oromootti, Garee Qormaata Seenaatiin: Finfinnee

Alamaayyoo H.fi Miiltowwan isaa (2012). *Seenaa Oromoofi Hundeeffama Magaalaa Finfinnee*. Giddugala Aadaa Oromootti, Garee Qormaata Seenaatiin: Finfinnee

- Alasli, M. (2019). *Toponyms' contribution to identity: The case study of Rabat*. International Cartographic Conference (ICC 2019), 15–20 July 2019, Tokyo, Japan.
- Anette, B. and Elizabeth G.(2010). *Merkato and the Mall A Short History of Modernization*. The Planning Review 182, no. 3 (October 2010): 8–13.
- Assefa T. (2021). *Ecopoetics of Place: Reclaiming Finfinne, Past and Present*. McDowell.
- Asafa J. (2009). *Being in and out of Africa: The Impact of Duality of Ethiopianism*. Journal of Balck Studies, Nov., 2009, Vol.40, No.2, pp 189- 214
- _____. (2007). *The Concept of Oromummaa and Identity Formation in Contemporary Oromo Society*. University of Tennessee, Knoxville
- Blair, D. and Jan, T. (2020). *Toponym Types: A Revised Typology Of Placenames*. Published by Placenames Australia (Inc.): South Turrumurra
- Caiazza, L. and Nick, I. (2020). *Shifting Toponymies: (Re) naming Places, (Re) shaping Identities*. Cambridge Scholars Publishing
- Cary, S. and Marc, A. (2010). *Addis through the Looking Glass*. The Planning Review 182, no. 3 (October 2010): 8–13.
- Cheang, J. (2008). *Choice of Foreign Names as a Strategy for Identity Management*. Intercultural Communication Studies XVII: 2 2008: University of Macau
- Cila, J. (2018). *Culture and Baby-Naming in a Multicultural World: Identity and Pragmatic Motivations Predict Choices and Preferences of Baby Names Among Bicultural Individuals*. York University, Toronto, Canada: Unpublished PhD Dissertation
- Gervasio, M. (2019). *Marking Identity through Language in Social Media Discourse by Chuka University Students*. International Journal on Studies in English Language and Literature (IJSELL) Volume 7, Issue 8, August 2019, PP 43-52
- Getahun B. (2002). *A Nation without a City [a Blind Person without a Cane]: The Oromo Struggle for Addis Ababa*. Michigan State University Press.
- Gibson, K. (2004). *English only court cases involving the U.S. workplace: the myths of language use and the homogenization of bilingual workers' identities*.
- Gumi B. (2018). *Personal Naming And Identity Formation in Guji Oromo Culture: Roles, Classification and Dynamics of Change* JETIR November 2018, Volume 5, Issue 11 www.jetir.org (ISSN-2349-5162)
- Guyot, S. and Seethal, C. (2007). *Identity of Place, Places of Identities, Change of Place Names in Post-Apartheid South Africa: The South African Geographical Journal*, 2007, 89 (1), pp.55-63. hal-00201762
- Helleland, B. (2002). *The social and cultural value of place names*. Berlin, 27 August-5 September 2002. Item 17 (a) of the provisional agenda.
- _____. (2011). *Cultural aspects of place-names*. GGIM–COEX, Seoul 26 October 2011.
- Helleland, B., Ore, Ch. & Wikstrøm, S. (2012.). *Names and Identities*. Oslo Studies in Language 4 (2) / 2012: Oslo, University of Oslo
- Horvath, R. (1968). *Towns in Ethiopia (Städtische Siedlungen in Äthiopien)*: Bd. 22, H. 1 (Mar., 1968), pp. 42-51 (10 pages) . Published By: Erdkunde

- Iteenesh T. (2020). *Xiinxala Afseenessa Oromoota Finfinnee Keessatti Bakka Jireenyaa isaanii irraa Buqqa'anii*. Yuunivarsiitii Finfinneetti qorannoo digrii lammaffaa guuttachuuf hojjetame, kan hinmaxxanfamne.
- Isaayyaas H. (2001). *Hawwii (Maxxansa Iffaa)*. Finfinnee: Bole Printing
- Jordan, P. (2020). *Some Considerations on the Function of Place Names on Maps*. Austrian Academy of Sciences: Wien, Austria
- ____ (1014). *The Meaning of Bilingual Naming in Public Space for the Cultural Identity of Linguistic Minorities*. Austrian Academy Of Sciences: Wien, Austria
- Merga F. (2019). "Hammachiisaa: Personal Names and Naming Practices Among the Kuttaye Oromo." *International Journal of Research - Granthaalayah*, 7(9), 110-117. 10.29121/granthaalayah.v7.i9.2019.566.
- Nagel, J. (1995). *American indian ethnic renewal: Politics and the resurgence of identity*. American Sociological Review, 60, 947-965.
- Nikander, P. (2006). *Constructionism and Discourse analysis*. Published in Handbook of Constructionist research. Finland: Guilford publication.
- Peek, Ph. and Yankah, K. (2004). *African Folklore: An Encyclopedia*. Routledge. New York London.
- Penick, K. (2019). *Name Changes in Search of a New Identity: Southern and Eastern European Immigrants and the Fashioning of White Identity in The United States*.
- Pilcher, J. (2016). *Names, Bodies and Identities*: Vol. 50, No. 4 (August 2016), pp. 764-779 Published by: Sage Publications, Ltd.
- Qazimi, Sh. (2014). *Sense of place and place identity*. European Journal of Social Sciences Education and Research May-August 2014 Volume 1, Issue 1
- Relp, E. (1976). *Place and Placeness*. London: Pion Limited.
- Rukya H. (2016). *Language as an Index of Identity, Power, Solidarity and Sentiment in the Multicultural Community of Wollo*. J Socialomics 5: 174
- Spolsky, B. (1999). *Second-language learning: Handbook of language and ethnic identity*, edited by J. Fishman. Oxford: Oxford University Press.
- Stryker, S. and Burke, P. J. (2000). *The Past, Present, and Future of an Identity Theory*: Social Psychology Quarterly, 63:284-97.
- Sue, C.A. & Telles, E.E.(2007). *Assimilation and gender in naming*. American Journal of Sociology, 112, 1383–1415.
- Tamene B. (1983). *On Some Oromo Historical Poems*: Paideuma: Mitteilungen zur Kulturkunde , 1983, Bd. 29 (1983), pp. 317-325 Published by: Frobenius Institute
- Tesfaye G. (2014). *Morphosemantic Analysis of Oromo Personal Names*: International Journal of Innovative Research & Development
- Tuan, Y. (2005). *Space and Place: The perspective of experience*. Minneapolis: University of Minnesota Press.
- Uluocha, N. (2015). *Decolonizing place-names: Strategic imperative for preserving indigenous cartography in post-colonial Africa*. University of Lagos, Lagos, Nigeria.

- Wilson W. (2006). *The Marrow of human Experience: Essays on Folklore*. UTAH State University press. Logan, UT
- Zhang, J.(2020). *The Folkloric Identity*. Willamette University in Oregon: Western States Folklore Society. *Western Folklore* 79.2/3 (Spring/Summer 2020): 215-250.
- Zittoun, T. (2005). *Uses of cultural resources in the transition to parenthood*. In A Gülerce, A. Hofmeister, I. Steauble, G. Saunders, & J. Kay (Eds.), *Contemporary Theorizing in Psychology: Global Perspectives* (pp. 327–334). Concord: Captus Press
- ህሩይ ወልደሥላሴ (1999). *የኢትዮጵያ ታሪክ ከንግሥተ ሳባ እስከ ታላቁ የአድዋ ድል፡ አዲስ አበባ ኢትዮጵያ*